Qajeelfamoota Bu'uuraa 6 IASC

Tuttuqaa fi Dhiibbaa Saalaa Waliin kan Wal-qabatu

Hojjattoota Garagaarsa Namoomaa fi Misoomaa [1]Itiyoophiyaa keessatti

1. Tuttuqaa fi dhiibbaan saalaa hojjattoota dhaabbilee namooman taasifamu akka gochaa seer-maleessummaati illaalamaa; kanaaf gochaan kun hojii addaan kutuudhaaf akka bu'uuratti gargaara.
2. Akka aadaa naannotti umurii saal-qunnamtii namoonni hedduun itti amanan yookin itti walii galan hamma fedhe yoo jiraate illee, ijoollee (namoota umuriin isaanii waggaa 18 gadii) waliin qunnamtii saalaa gochuun tasumaa dhorkaadha. Umurii ijoollee irratti ilaalchi dogoggoraa jiru ragaa ittisaa ta'uu hin danda'u.
3. Waliin Jijjiiruu maallaqaa, hojii, meeshaalee, yookin tajaajilawwan qunnamtii saalaaf godhamu, tajaajila argachuuf jecha qunnamtii saalaa raawwaachuu yookin hamilee namaa cabsuu bifa biraatiin taasifamu dabalatee, amalli eenyummaa namaa gadi buusuu yookin namatti fayyadamuu tasumaa hin eeyyamamu. Kunis gargaarsa faayyadamootaaf keennamuf qoopayee wal jijjiiruu dabalata.
4. Walitti dhufeenyi saal-qunnamtii namoota gargaarsa fi eegumsa namoomaa kennanii fi namoota gargaarsa fi eegumsa namoomaa kana fudhatan gidduutti karaa hin taanen aangoo yookin sadarkaa hojii fayyadamuun taasifamu kan dhorkameedha. Walitti dhufeenyi akkanaa amanamummaa fi fudhatamummaa hojii gargaarsa namoomaa kan tuffachiisudha.
5. Hojataan gargaarsa namoomaa tokko, hojjataan akka isaatii irratti shakkii tuttuqaa fi dhiibbaa saalaa gaggeessaa akka jiru yoo shakke, iddoodhuma hojii tokkotti yookin bakka biratti, karaa ejansii ittiin gabaasaniitin gaabaasuu qaba/di[2].
6. Hojjattoonni gargaarsa namoomaa naannoo hojii haala tuttuqaa fi dhiibbaa saalaa ittisu uumudhaan koodii amala hojiirra oolchuu jajjabeessuuf dirqama qabu. Gaggeessitonni sadarkaa sadarkaan jiran naannoo hojii keesat sirna kana jajjabbeessuf fi eeguuf dirqamaa adda qabu.

---

[1] Hojjattoonni Gargaarsa Namoomaa fi Misoomaa ...

'Namoota uummata miidhameef eegumsaa fi/yookin deeggarsa gochuu keessatti hirmaatanii fi dhaabbata/michoota waliin walitti dhufeenya kontiraataa qabaniidha, hawaasa irratti xiyyeeffatame keessaa maallaqa xiqqaadhaan kanneen hojjatan dabalatee jechuudha.

Ejansiiwwan UN, NGO wwan, michoota hojiitti hiikan, CBO wwan barbaachisoo ta'an kanneen akka hojjattoota kaffalamuuf, tola ooltota, kontiraatan warra hojjatan, hojjattoota maallaqa xiqqoodhaan hojjatan, yeroo yookin turtiin kontiraata isaanii hamma fedhe yoo ta'e illlee nama kamiyyuu bakka dhaabbata yookin ejansii gargaarsa namoomaa hojjatan dabalatee, hojjattoota dhaabbilee fi ejansiiwwan gargaarsa namoomaa hunda ilaallata.'

[2] oioshotline@un.org tti ergaa

Gabaasa karaarraan: https://oios.un.org/investigations

Bilbilaa: + 1 212 963 1111 (guyyaatti sa'aatii 24)

1. **SEA = HOJII ADDAAN KUTUU FI CARRAAN LAMMATAA ARGACHUU DHABUU**
2. **IJOOLEE (umuriin isaanii waggaa 18 gadii) WAJJIN QUNNAMTII SAALAA GOCHUUN DHORKAADHA**
3. **NAMA KAMIYYUU SAAL-QUNNAMTIIF JECHA AKKA HIN QACARRE YOOKIN MATTA'AA HIN LAANNEF**
4. **FAYYADAMTOOTA WALIIN QUNNAMTII SAALAA GOCHUUN HIN DANDA'AMU**
5. **YEROO HUNDUMAA SHAKKII SEA sa'aatii 24 keessatti GABAASAA**
   [oioshotline@un.org itti ergaa]
   [Gabaasa karaarraan: oios.un.org/investigations]
   [Bilbilaa: +1 212 963 1111] 24x7
6. **SEA NAANNOO KEESSANITTI YOO ARGITAN HIN JAJJABEESSINAA**